
Kutaa 2

# Namicha Gowwaa



Dubbisa 6

# Namicha Gowwaa

Dubbisa 6 | Kutaa 2



Kitaabni deeggarsaa kun gargaarsa maallaqaa 'USAID' irraa argameen, walta'iinsa dhaabbata 'Pact Ethiopia' fi Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qophaa'ee dhaabbata 'Save the Children' fi Ministeera Barnootaatiin fooyya'ee kan maxxanfamedha.


Bara 2008/2016

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/




Hattoota lamatu waliin deemaa turan. Osoo deemaa jiranii namicha harka tokkotti damma baatee harka tokkotti immoo hoolaa harkisee



dura isaanii deemu qaqqaban. Hattoonni lamaan namicha akkamittiin akka gowwoomsan irratti waliin mari'atan. Hattuun inni tokko akka isaan irraa suuta jedhee miliqutti waliigalan. Hattuun inni biroo immoo callisee namicha faana akka deemu murteessan.



Hattichiifi namichi osoo deemanii laga bishaan tokkootti bahan. Hattichis, nama ijji isaa hinargine fakkaatee “Namichoo, maaloo ani ija hinqabu,




laga kana na ceesisi,”
jedhee kadhate. Namichis
“Akkamittan si ceesisa?
Harka tokkoon hoolaan
harkisa. Harka tokkoon
immoo damma baadheen
jira” jedheen.




Hattichis namichaan “Ani hoolaan siif harkisaa; ati immoo harka tokkoon damma baadhuu nadura beenu” jedheen.



Akkanumatti walii galanii laga ce’uu eegalan. Laga ce’aa osoo jiraniis hattuun inni duraan



milique dugda duuba hiriyaasaan dhufe. Akkuma bira ga'een hattichi hiriyaa isaa harkaa suuta jedhee hoolaa fuudhee bosona keessa lixee jara biraa hafe.



Hattichi hoolaa harkisee deemaa ture sunis takka harka isaa duwwaa erga deemee booda abbaa hoolaatiin “Harkikoo natti salphate. jedheen. Abbaan hoolaas hattichi harka duwwaa booddeesaa adeemuu arge.



Namichis “Dhaqeen hoolaa koo barbaaddadheen dhufaa damma kana naa qabi” jedhee damma itti kennate. Hattichis, gammadee dafee damma harkaa fuudhee baate.



Abbaan hoolaas asiifi achi jooraa oolee hoolaa isaa dhabee harka duwwaa deebi'e. Yeroo deebi'u immoo dammis, namichis hinjiran. Akkanatti namichi hoolaa isaas damma isaas dhabee harka duwwaa gale jedhama.

# Gaaffilee asii gadii deebiisi.

1. Namichi gowwaan maal baatee deema ture?
2. Hattichi maal jedhee namicha karaa deemu kadhate?
3. Hattoonni lamaan attamitti namicha gowwoomsan?

# Qoqqooduufi Walitti Makuun Dubbisuu

| | | |
|---|---|---|
| a. | ga-teet-tii → gateettii | |
| b. | hat-too-ta → hattoota | |
| c. | har-ki-san → harkisan | |

# Namicha Gowwaa

Kitaaba abbaa seenaa kadha ja'aa wal duraa dubaan dandeettii dubbisuu gabbisan


| | |
|---|---|
| Dubbisa 1 | Fakkeenyummaa Gaarii |
| Dubbisa 2 | Halluuwwan Uffataa |
| Dubbisa 3 | Leencaafi Waraabessa |
| Dubbisa 4 | Qonnaan Bultoota Cimoo |
| Dubbisa 5 | Qamaleefi Leenca |
| Dubbisa 6 | Namicha Gowwaa |
| Dubbisa 7 | Maatii Gargaaruu |
| Dubbisa 8 | Qulqullina Eeggachuu |
| Dubbisa 9 | Bineeldota |
| Dubbisa 10 | Meeshaalee Manaa |
| Dubbisa 11 | Barattuu Cimtuu |
| Dubbisa 12 | Nyaata Aadaa |
| Dubbisa 13 | Walqixxummaa |
| Dubbisa 14 | Barataa Qaxalee |
| Dubbisa 15 | Eenyu Haafuudhuu? |
| Dubbisa 16 | Goota Magariisaa |

USAID

UUMMATA AMERIKAA IRRAA